Ciigoo Sookoo fi Soorgoo Afaan Oromoo Part 1

Gurraaf taati jettee meetii gabaa bittee

Isallee hanqattee lafa teessee haftee

Jecha Dachaa:

Sookoo:

Soorgoo:

Silaa raammoo miti yoom bahee mul'ataa

Suuta suuta jedhee gurra nama nyaata

Jecha Dachaa:

Sookoo:

Soorgoo:

Maaluma haata'uuf kana funaannattaa

Mana kanaa baasaa eenyu fedha gataa

Jecha Dachaa:

Sookoo:

Soorgoo:

Kan akkas bariidhaan kaate

Mucaan sun simbira taatee.

Jecha Dachaa: simbira taatee

Sookoo: Gosa hallatti-simbiraa

Soorgoo: Isiin bira dhuftee

Erga bokkaan roobee caamee

Namni loolaan dhume

Jecha Dachaa: Loolaan dhume

Sookoo: Namni lolaa roobaatiin miidhame

Soorgoo: Namni Waraanaan dhume

Aadaa osoo beektuu fuullee namaa kaatti

Kaleessa hinhafnee har'as kunoo nidhufti

Jecha Dachaa: Nidhufti

Sookoo: Har'as deebitee dhufte

Soorgoo: Dhuufuu dhuufte

Bara baraan kan dhageenyu sirbumasaa

Nimiidhagaa afaan isaa

Jecha Dachaa: afaan isaa

Sookoo: dubbiin/qooqni isaa ni bareeda

Soorgoo:

Hojjettee hin-nyaattuu duraan maaliif hatta

Abbaan sangaa dhufee amma akkam kee taata?

Jecha Dachaa: abbaan sangaa

Sookoo: Nama sangaa qabu

Soorgoo: dhukkuba abbaa sangaa jedhamu

Asis jenne godaas hinarganne

Ishee qarree gamaa gaafadhaa jedhamne.

Jecha Dachaa: qarree

Sookoo: Ishee gama jirtu

Soorgoo: durba

Ishiin si jaalatti ati maa jibbita

Intala ulfeessi yaa gurbaa ulfaataa

Jecha Dachaa: ulfeessi

Sookoo: kabaji

Soorgoo: Ulfa godhi

Yoo facaasuuf lafa babbaqaqse

Balleessumaaf jedhee ija qabee cabse

Jecha Dachaa: ija qabee

Sookoo: Ija qabee cabsuu

Soorgoo: arge

Ani buna hindhugu garaa kutaadheera

Buna kee lammaffaa egaa kakadheera

Jecha Dachaa: lammaffaa

Sookoo: Buna barakaa hindhugu

Soorgoo: natti hindeebi'u

Yeroon ani xiqqoo hawwii koo kan ture

Amma naaf guddattee magaalaa Naqamte

Jecha Dachaa: Naqamte

Sookoo: Magaalli Naqamtee guddatte

Soorgoo: magaala keessatti naqamte

Osoo waa hinnyaatin torban guute agabuu

Hojjedhee akka hinnyaanne anuu quba hinqabu

Jecha Dachaa: quba hinqabu

Sookoo: qaamni koo hir'uudha

Soorgoo: Odeeffannoo hinqabu (hindhageenye)

Culullеen saamtuudhaa yaada hinqabdu fayyaa

Ani ishee hineeguu sinbirallee wayyaa

Jecha Dachaa: sinbirallee wayyaa

Sookoo: Culullеerra sinbirroo wayya

Soorgoo: Isin wajjin (isin bira wayya)